Kitaaba Qulqulluu

Hiikkaa Walta'aa Haaraya

Kakuu Haaraya

Kitaaba Qulqulluu

Kitaaba Qulqulluu

Hiikkaa Walta'aa Haaraya

Kakuu Haaraya

Kakuu Haaraya - Hiikkaan Walta'aan Haarayi kun Internaashinaal Baayibil Soosaayitiidhaan maxxanfame.
Bara Araaraa 2001

Mirgi isaa seeraan eegamaa dha.

copyright @ 2009 International Bible Society

Kitaabota Kakuu Haaraya kana keessatti qopheeffaman keessaa haga kitaaba tokko guutuu hin ta'initti yookaan hamma kurmaana kitaaba tokkoo hin caalletti hiikkaa walta'aa kana irraa eeyyama dhaaba maxxansiiseetiin alatti gara waraabbiiwwan 500 waraabbachuun yookaan garagalfatanii maxxansiisuun ni danda'ama. Yeroo wanni kun ta'utti garuu, "Kitaaba Qulqulluu Hiikkaa Walta'aa Haaraya Kakuu Haarayaa kan Internaashinaal Baayibil Soosaayitiin bara 2001 maxxanfame irraa eeyyamaan fudhatame" jedhamee ibsamuu qaba.

Kan Hin Gurguramne

Not For Retail Sale

Ittiin Baafata

Maqaa Kitaabaa Guutummaatti	Gabaabaatti	Fuula
Wangeela Maatewosii	Mat	1
Wangeela Maarqosii	Mar	72
Wangeela Luqaasii	Luq	119
Wangeela Yohaannisii	Yoh	196
Hujii Ergamtootaa	HuE	251
Ergaa Phaawuloos Gara Warra Roomaatti Erge	Rom	325
Ergaa Phaawuloos Gara Warra Qorontoosiitti Erge - 1ffaa	1Qor	354
ErgaaPhaawuloos Gara Warra Qorontoosiitti Erge - 2ffaa	2Qor	383
Ergaa Phaawuloos Gara Warra Galaatiyaatti Erge	Gal	401
Ergaa Phaawuloos Gara Warra Efesooniitti Erge	Efs	411
Ergaa Phaawuloos Gara Warra Filiphisiyusiitti Erge	Flp	421
Ergaa Phaawuloos Gara Warra Qolosaayisiitti Erge	Qol	429
Ergaa Phaawuloos Gara Warra Tasaloonqeetti Erge -1ffaa	1Tas	436
Ergaa Phaawuloos Gara Warra Tasaloonqeetti Erge -2ffaa	2Tas	442
Ergaa Phaawuloos Gara Ximootewoosiitti Erge - 1ffaa	1Xim	446
Ergaa Phaawuloos Gara Ximootewoosiitti Erge -2ffaa	2Xim	455
Ergaa Phaawuloos Gara Tiitootti Erge	Tit	461
Ergaa Phaawuloos Gara Filmoonaatti Erge	Flm	465
Ergaa Gara Ibrootaatti Ergame	Ibr	467
Ergaa Yaaqoob Erge	Yaq	490
Ergaa Pheexroos Erge - 1ffaa	1Phex	498
Ergaa Pheexroos Erge - 2ffaa	2Phex	507
Ergaa Yohaannis Erge - 1ffaa	1Yoh	513
Ergaa Yohaannis Erge - 2ffaa	2Yoh	521
Ergaa Yohaannis Erge - 3ffaa	3Yoh	522
Ergaa Yihuudaan Erge	Yih	523
Muldhata Yohaannisii	Mul	526
Kutaalee Kitaaba Qulqulluu Bebbeekamoo		564
Dinqiiwwan Kiristoos Hojjate		566
Fakkeenyawwan Yesuus barsiise		568

Seensa

Internaashinaal Baayibil Soosaayitiin dhaaba addunyaa kan afaan gara garaatiin Kitaaba Qulqulluu hiikee maxxansiisuudhaan akka namoonni dubbii Waaqaa dubbifatanii hubataniif, Gooftaa Yesuusin beekuudhaanis akka fayyinna argatanii jireenna kiristaanummaa isaaniitiin jabaataniif carraaquu dha.

Afaan saba tokkoo akkuma namaa dhalata; ni guddata; ni du'as. Jechoonni yeroo tokko saba biratti fudhatamoo ta'an, yeroo kaan ammoo fudhatamoo hin ta'an. Jechoonni yeroo tokko nama waltaasisan, yeroo kaan ammoo wal hin taasisan; dhaamsa barbaadames hin dabarsan. Sababii haala afaanii kanaaf Kitaaba Qulqulluu yeroo yerootti hiikuun, gara afaan dhaloota haarayaattis jijjiiruun barbaachisaa dha. Kanaafuu Kitaabni Qulqulluun bara duriitii jalqabee afaanota biyyaafi bara adda addaatti hiikamaa tureera.

Internaashinaal Baayibil Soosaayitiinis haaluma kanaan loqodawwan Oromiffaa gugurdaa afran (kan dhihaa, kan kibbaa, kan bahaafi jiddu galeessaa) walitti fiduudhaan hiikkaa kitaaba Qulqulluu hojjachaa jira. Hiikkaa akkanaa hojjachuufis tokkoo tokkoo loqodawwan kanneenii irraa bakka bu'oota dandeettii afaanichaa qaban walitti fidee Kakuu Haaraya hiikkaa walta'aadhaan qubee Itoopiksiitii fi qubee Laatiiniitiin qopheessee dhiyeesseera. Kakuun Moofaan (dullachi) immoo dhiyeenyatti akka itti fufee dhiyaatu ni abdatama.

Yaalii afaanicha wal taasisuuf godhame:

Sabni Oromiffaa dubbatu hedduu dha. Afaanichis loqodawwan gara garaa of keessaa qaba. Jechi bakka tokkotti rakkinna hin qabne bakka kaanitti hiikkaa faallaa kan walitti nama buusuu fi kan nama qaanessu qaba. Fakkeennaaf Arsiitti bukkeen, Booranatti kaachuun, Wallaggatti seeruufi gochaan jechoota qaanii ti. Kanaafuu rakkoo akkanaa diqqeessuuf jechoota loqodawwan walitti dhiyeessuu danda'anitti fayadamuun yaalameera.

fakkeennaaf:

Jecha qaanii	**Bakka bu'aa Isaa**
bukkee	cina, maddii, bira
kaachuu	fiiguu
seeruu	seeraan dhowwuu
gochaa	hujii

Hiikkaan kun hiikkaa walta'aa dha (Standard Translation); Kanaafuu loqodawwan afaanichaa walitti dhiyeessuuf jechoota hiikkaa wal fakkaatu qabanitti fayyadamuudhaan hiikkaan isaanii yaadannoo miila jalaa keessatti ibsameera.

Fakkeennaaf:

Jecha	Hiikkaa Isaa	Kutaa Isaa
sagalee	qoonqoo/qoonqa	Mat 3:3
Iddoo aarsaa	fulaa sooriyoo/bakka falaa/furda	Mat 23:18
magaalaa	dira	Mat 2:1
gaargala	ariyatama/baqachiifama	HuE 8:1
cidha	jila	Yoh 2:2
daayyaa	manaaba/muldhata	2Qor 12:1
firii	midhaan/ija/gumaa	1Qor 9:7
luba	qaalluu/qeessii	Ibr 2:17

Katabbiiwwan yaada walfakkaatu qaban agarsiisuuf immoo mata dureewwan didiqqaa jalatti jecha "kwf " (kutaa walfakkaatu) jedhuufi "wbq" (wal bira qabaa ilaalaa) jedhuun ibsamaniiru.

Fakkeennaaf:

Luq 3: 2-10 kwf →Mat 3:1-10; Mar 1: 3-5
Yoh 12: 1-8 wbq→ Mat 26:6-13; Mar 14:3-9

Yommuu hiikkaan kun hojjatametti warruma waliin hojjatan jidduuttiyyuu garaa garummaattu ture. Ta'us rakkoo naannoo tokkoo akkuma rakkoo naannoo hundaatti fudhachuudhaan obsaan wal dhagayaa, jechoota rakkoo hin finne kanneen hubachuufillee nama hin rakkifne filachaa, akka ergaan Kitaaba Qulqulluu hin jijjiiramne eeguun yaalameera. Kana irratti hayyoota afaanii kan biiroowwan mootummaa keessumattuu kan biiroo barnoota Oromiyaa, barsiistota Kooleejjii Tiyooloojiitii fi tajaajiltoota waldaa Kiristaanaa tokko tokko gaafachuudhaan, sab-qunnamtii afaan Oromoo hordofuudhaan, seer-luugootaafi galmee jachootaatti fayyadamuudhaan tokkummaa afaan kanaa eeguuf yaaliin godhameera.

Tooftaa Hiikkaa

Tooftaan yookaan bifni hiikkaa kanaa jechuun mata dureen isaa, bo'oon isaa, boqonnaa fi lakkoobsi isaa harki caalu hiikkaa Ingiliffaa kan "Enni Aayi Vii" (NIV) jedhamu fakkaata. Yaada isaa sirriitti dhiyeessuuf garuu burqaawwan armaan gadiitti fayyadamneerra;

1) Hiikkaawwan Amaariffaa kanneen duraan qopheeffaman
2) Hiikkaawwan orommiffaa kanneen duraan qopheeffaman
3) Hiikkaawwan Ingiliffaa bebbeekamoo
4) Hiikkaawwan Ibraayisxiitii fi Giriikii

Hiikkaan kun qajeelfama armaan gadi jiruu faana bu'uun hojjatame:

1) Sirrii ta'uun isaa (accuracy) - haga danda'ametti yaada tokko otoo hin hirdhisin yookiin otoo waa itti hin ida'in dhiyeessuu,
2) Ifa ta'uu (clarity) - akka ergaan tokko borcamee hin dhokanneef ifatti baasanii dhiyeessuu,
3) Amanamummaa (fidelity) - ergaa barreessaan tokko erge akkuma jirutti amanamummaadhaan dabarsuu,
4) Lubbuu itti gochuu (liveliness) - ergaa tokko haala miira namaa sochoosuufi dadammaqsuu danda'uun dhiyeessuu,
5) Haala afaanii hordofuu (naturalness) - haala akka waan afaanuma keennaan barreeffameetti dubbisuu nama dandeessisuun dhiyeessuu,
6) Rakkoo malee Dubbifamuu (readability) - akka hiikkaan tokko nama dubbisu hin nuuffisiifneefi (hin ifachiifneefi) akka dubbisuun isaas nama hin gufachiifne, akka yaadi isaas namatti mi'aawu gochuun dhiyeessuu,
7) Ulfinna afaanii (dignity) - waan dubbiin Waaqaa kabajamaa ta'eef akka jecha salphaan hin dhiyeeffamneef sadarkaa isaa ol guddisanii dhiyeessuu.

Maqaa fi Qubee

Maqaa yookaan mata-duree kitaaba kanaatiifi qubee isaa murteessuuf odeeffannoo barbaaduuf gaafiin qophaayee Godinaalee Oromiyaa adda addaatti bittineeffamee ture. Haala kanaan namni harki caalu akka maqaan isaa "Kitaaba Qulqulluu" ta'uufi qubeen isaa immoo Itoophiksii fi Laatiinii ta'u waan filateef maqaan kitaaba kanaa Kitaaba Qulqulluu, qubeen isaa immoo Itoophiksiifi Laatiinii ta'ee maxxanfameera.

Kakuu Haaraya